# AKKAATAA ITTI FILAN

VOTE 2026

*Filuun kee sagalee keeti – galmaa'l, odeeffannoo argadhu, dhaqii fili!*

## *EENYUTU FILUU DANDA'A?*

Minnesotaa keesatti filuuf lammii U.S ta'uun kee dirqama. Yoo xiqaate Guyyaa FILANNO umuriin kee 18 ta'uu qaba akkasumas yoo xiqqaate bultii 20fi jiraataa Minnesotaa ta'uu qabda.

Yakka cimaadhaan kan himatamtan yoo ta'e, yeroo ammaa yakka sanaan yoo kan hin hidhamne ta'e sagalee kennuu dandeessu.

Utuu tiksa jala jirtuu filuu ni dandeesa yoo abbaan seeraa mirga kee hin mulqine ta'e.

## *FILUUF GALMAA'I*

Bakka teessoo amma jiraattuutti filuuf galmaa'uutu siira jiraata. Galmaa'uuf ykn isa kaanaan dura galmoofte fooyyessuuf, mnvotes.gov ilaali.

### GUYYOOTA 2026

**FILMAATA DURSAA**
*Wiixata, Hagayya 11*

**GUYYAA FILANNOO UTUU ACHITTI HIN ARGAMIN FILUU**
*Karaa mana poostaa filmaata kee erguu ykn kallatiin Birraa 18 hanga Sadaasa 2ti fili.*

**FILUUF GALMAA'UU**
*Guyyaa Filannoo yeroo qusachuuf dursii hanga Onkoloolesa 13 ti galmaa'i.*

**GUYYAA FILMATAA**
*Wiixata, Sadaasa 3*

Akkasumas, Guyyaa Filanno bakka filmataatti galmaa'uu ni dandeesa. Ragaa maqaa fi teesso kee ammaa mirkaneesu agarsiisu qabda. Odeeffannoo dabalataaf, mnvotes.gov ilaali ykn 1-877-600-VOTE bilbili.

*duubarraan itti fufa...*

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE*

# AKKAATAA ITTI FILAN

VOTE 2026

*...fuula duraa irraa itti fufe*

## *FAKKAATUU WARAQAA FILANNO KEE ILAALI*

Namoota dorgomanii fi gaafii waraqaa FILANNO kee irra jiraatu ilaaluuf, mnvotes.gov ilaali.

## *BAKKA FI YEROO FILANNO*

Bakka itti filtu baruuf, mnvotes.gov ilaali. Bakki Filanno irra guddaan sa'a 7wd hanga 8wb ti banaadha.

## *FIDUUN KAN SI MALU*

Bakka teesoo kee ammaatti filuuf yoo galmoofte, waraqaa eenyummaa fiduun sirraa hin jiraatu. Yoo galma'uu ykn isa galmoofte fooyessuu feete, utuu hin filin dursa teessoo kee ragaa mirkaneesu argisiisuu qabda. Caalaa baruuf, mnvotes.gov ilaali ykn 1-877-600-VOTE bilbili.

## *DURSIITII WARAQAA FILANNOO UTUU GUYYAAN FILANNOO HIN GA'IN FILANIIN FILI*

Bakka Filannoo ganda keetiiti Jimaata Birraa 18 eegaltee dursitee filuu ni dandeesa. Akkasumas, waraqaan FILANNOO bakka Filannooti utuu hin argamin ittin filan karaa mana poostaa teesoo keeti akka siif ergamu gaafachuu ni dandeessa. Waajjira Filannoo ganda kee ykn waraqaan FILANNOO bakka Filannooti utuu hin argamin ittin filan gaafachuuf, mnvotes.gov ilaali.

### *FILUUF JIRUU IRRAA BOQONNAA FUDHACHUU*

*Kaffaltiin,dhimmi ofiif ooluu, ykn yeroo boqonnaa kee utuu hin tuqamin, mirga filuuf jiruu irraa boqonnaa fudhachuu qabda.*

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*

*mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE*